Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Ilmi Jaallatamaan Garba Ta'uusaa

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Byron Unger, Lazarus Alastair Paterson

Kan dagaagsame: M. Kerr and Sarah S.

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Yisaaqi baayyee gammadaa ture. Ilmi isaa Yaaqoob mana ture. Eesawu obboleessa isaa ajjeesuuf murteesse baga nagaan dhufte jechuun isa simate. Haata'u garuu Ilmaan Yaaqoob gammadoo hin turre, sababiinsaa quxisuun isaanii Yooseef abbaa isaaniin jaalatamaa waan tureef.

Yeroo Yooseef abjuusaa itti hime obbolaawwan Yooseef baayyee aaran. "Nuyi maasii gidduudhaa bissii in hiina turre; kunoo, bissiin koo ka'ee ol qajeelee dhaabbate; bissiin keessan immoo isatti naanna'anii bissii kootiif in gugguufu turan," jedhe Yooseef. Yooseef obbolaawwan isaa akka caaluu fi nama barbaachisaa akka ta'eedha hiikaan abujuchaa.



3

Abjuu Yooseef isa lammaffaa keessatti, aduu, ji'a fi urjiiwwan Yooseefitti gad gombooban mul'atu. Sababa Yooseef obbolaawwan isaa fi maatii isaatiin ol of taasiseef abbaan isaa Yaaqoob illee itti aare .



4

Guyyaa tokko Yaaqoob Yooseef dirreetti akka ba'u taasise, dirree sana irras obbolaawwansaa isa irratti yaada walfakkaataa qabantu ture. Obboleessi isaa tokko isaa garasaanii dhaqaa jiruu arge. "Namicha abbaa abjuu kana haa ajjeesnu jechuun," dhokisaatti mar'atan. Yooseef garuu balaa isa irratti mar'atamaa jiru hin barre.

5

Obbolaawwan Yooseef keessaa inni hangafin Rubeen marii isaaniitti waliigaluu dide. "Dhiiga dhangalaasuu hin qabnu" jedheen. "Boolli kunooti ilaali. Achii keessatti ajjeefina!" Rubeen ajjechaa halkan irra ga'urraa Yooseefiin oolchuuf karoorfate.



6

Yeroo Yooseef isaan bira ga'u, obbolaawwan isaa akka tasaa isa qaban, uffata (kootii) hallu qabeessa bareedaa ilmasaa jaalatuuf Yaaqoob hojjete irraa baasan. Isa booda haala baayyee nama gaddisiisuun gara boolla gad fagootti gad isa darbatan.



7

Yeroo isaan gocha kana raawwatanitti Rubeen irraa oole, bakka gochi kun itti raawwaterraa dhiyeenyatti gurmuun gaalotaa toora galuun gara Misir(Gixi) deemaa tura. "Kaanee Yooseefiin hagurgurruu," jechuun obboleessi isaa Yuhudaan iyye. Gurgurtaan Yooseef milkaa'uun meetii ija diddamatti gurguratan.



8

Himimmaansaa harcaasuun sodaate, Yooseef nama isa gargaaru akka hin qabne hubatee maaatii fi biyya isaa irraa godaane.

9

"Kun qoloo Yooseefii? Dhiigaan laaqamaadha. Boolla lafa onaa keessaa argine." Obbolaawwan Yooseef gara jabooti Yooseef bineensa hamaan nyaatamee akka du'e Yaaqoobitti himan. Yaaqoobis uffta isaa ofirraa tarsaasuun uffata gaddaa uffatee ilmasaaf gadde. Waa tokko illee itti toluu dide.



10

Biyya Gibxi(Misir) keessatti, Yooseef kophaa ta'uun sodaan guutame. Waan hundaaf yeroon itti dheeratus gara biraatti hin baqanne. Mana nama cimaa biyya Misir Phoxiifaaraa keessatti garba ta'e. Yooseef hojjetaa cimaa ta'usaa waan hubateef Phoxifaar amantaa irraa qabaate.



11

Phoxifaaraan guyyaa tokko waanti ati hojettu hundumtuu milkaa'adha jechuun Yooseefitti hime. "Waaqayyotu siwajjin jira. Dursaa warra mana koo keessaa tajaajilanii akka taatun barbaada, diinagidee fi ajajaa tajaajiltoota hundaa taata ittiin jedhe."

12

Sababa Yooseef irraa ka'een Waaqayyo omisha midhaanii gaarii Photifaariif waan ta'eef sooressa guddaa ta'e. Nama cimaa ta'e, Yooseef amanamummaan tajaajilaa utuu jiruu gorami itti dhufe.



13

Haati manaa Phoxifaar mama hafuura seexanaan guutamte waan taateef akka Yooseef akka ishee waliin ciisuuf gaafatte. Yooseefis hin dide. Gocha dogoggoraa Phoxifaar irratti raawwachuun faallaa Waaqayyoo ta'uun cubbuu akka hin hojjenne ibse.



14

Yeroo isheen isa diriqisiisuuf yaaltu, in fiige. Haata'u garuu qoloo inni uffatu qabde.



15

"Garbichi kee narukute jechuun Phoxifaaritti himatte. Qoloo dheeraan inni uffatu kunoo jette!" yeroo kanatti Phoxifaaraan Yooseefitti aare. Tarii haati manaa koo nagowwoomsitiijedhee yaade. Garuu waan tokko raawwachuu qaba. Maal raawwachuu qaba?



16

Phoxifaar Yooseefiin hidhe. Yooseef nama yakkamaa waan hin taaneef hidhamuu isaatti hin aarre. Bakki inni jiru haala jabaa keessa jiru irraa barchuun isa hindaagessine, mana hidhaa keessa yoo ta'e illee yoo ulfina waaqayyoo eege waaqayyo isa ulfeessa.

17

Ilmi Jaallatamaan Garba Ta'uusaa

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Seera Umamaa 37, Seera Umamaa 39

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

18

Xumurameera

19

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16

20